# Yahuudootaa fi Kiristaanota salaamtaan hin jalqabiinaa, tokkoo isaanii karaa irratti yoo argitan gara irra dhiphaa karatti isa maksaa

Abuu Hureyraa irraa odeeffame, Rabbiin isa irraa haa jaallatu, Ergamaan Rabbii -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Yahuudootaa fi Kiristaanota salaamtaan hin jalqabiinaa, tokkoo isaanii karaa irratti yoo argitan gara irra dhiphaa karatti isa maksaa». [sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- yahuudaa fi Kiristaanota namni biroo hafee osoo walii galtee qabaatanillee salaamtaan isaan jalqabuu irraa dhoorganii, nuti karaa irratti tokkoo isaanii yeroo agarre gara irra dhiphaa karatti akka isa maksinu ibsan, nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu, walakaa karaa inni deemuu qabu mu’umina, kaafirri immoo cinaatti goruu qaba, Muslimni haaluma kamiinuu hin xiqqaataa ta'uu hin qabu.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee